YOMMUU LOLAAN BISHAANII JIRAATE...

Qophaa'aa! Waa'ee balaa lolaa qaqqabee bal'inaan *kingcounty.gov/floodservices* irraa argatuu

DURA

1 **Miidhaa balaa lolaan qaqqabe beekaa.** Barruun kun siif ergameera yoo ta'e, manni kee ykn qabeenyaan kee dhiheenya ykn qarqa lolaa keessa jira. Odeeffannoo bal'inaan beekuuf **kingcounty.gov/floodmaps** daawwadhaa yookaan lakkoofsa bilbilaa **206-477-4812** irratti bilbilaa.

2 **Inshuraansii balaa lolaa bitadhaa.** Inshuraansiin of danda'aa abba qabeenyaa manaa miidhama karaa balaa loolaa qaqqabef hin kaffalu, akkasuma imaammata inshuraansii balaa lolaa haaraaf guyyaa turtii 30 kan fudhatu dha.

Bal'inaan beekuuf karaa **floodsmart.gov** yookaan lakkoofsa bilbilaa **800-427-4661** irratti bilbilaa.

3 **Ofii keessanii fi maatii keessan eegaa.**

- karoora yeroo hatattamaa maatii, lafa qonnaa yookaan daldala keessaniif haaromsaa fi yoo maatiin keessan adda bahaniif bakka itti wal geessan filadhaa.
- Daandii hedduu manaa keessanii yookaan iddoo daldalaa keessanii hanga bakka biraatti beekaa.
- Korojoo ashawaa fayyadamuun manaa fi qabeenya keessan eeggadhaa (kaartaa irraa bakka inni tola raabsamu ilaalaa).
- Hiriyyaa yookaan fira keessan naannoo keessan ala jiru bilbiluun odeeffannoo yoo sararri naannoo qabamaa ta'e adda baafadhaa.
- Meeshaa yeroo hatattamaaf itti fayyadamtan walitti qindeessaa (Kan gadii ilaalaa).
- Haala qophii ittisa balaa lolaa ollaa keessanitti muuxannoo keessan duraa irratti hundaa'uun, fi gargaarsa adda isin yookaan isaan barbaachiseef irratti dubbadhaa.

4 **Miidhaa balaa lolaan dhufu irraa qabeenyaa fi beelada keessan eegaa.**

- Konkolaataa, meesholee, fi lubbu qabeeyyi/beeyladoota bakka hundee cimaa qabu keessatti geessaa fi keemikaalota bu'aa hedduu qabanii fi kanneen biroo bakka lolaan qaqqabuu ol kaa'aa.
- Qabduu kuusaa piroopeenii fi boba'oota biroo bakka hundee cimaa qabuu fi nagummaan isaa eegamu ol kaa'aa.
- Cuftuu to'attuu ujummoo ijarsaa irratti ijaaraa innis akka balfaan karaa ujummoo dhufe duubatti hin deebine taasisa.
- Goonkumaa balfaa bubbeef hin saaxilinaa; balfa garaa garaa fi kosii beeyladootaa meeshaa balfaa keessa godhaa; fi balfaa karaa miila namaa, bo'ii, bakkee fi karaa irraa dhabamsiisaa. Bishaan roobaa qulqulluun suphaa gadaanaa kan barbaaduufi lageen, fi yaa'awwan keenya eeguun qulleesinee dhugaatiif, bineensa fi bashanannaaf oolchuuf nu gargaara.

DAMMAQQUUF GALMAA'AA

Eggannoo lagoota King County beekuuf marsariitii kingcounty.gov/flood irratti galmaahuun odeeffadhu.

TURTII

1 **Naannoo balaan lolaa mudate hin adeeminaa yookaan hin konkolaachisinaa.** Duubatti naanna'aa. Balaa lolaan hin dhidhiminaa.

2 **Yoo konkolaataan keessan bakka lolaa jiraate hamma dandeessanitti iddooma sanatti dhiisaa adeemaa.** Karaa nagaadhan irra dhuftan irra deebi'aa.

3 **King County Flood Warning Center (Giddu gala Akeekkachiistuu balaa lolaa King County) karaa lakkoofsa bilbilaa** 206-296-8200 yookaan 800-945-9263 irratti bilbiluun odeeffannoo haala lolaa yookaan tilmaama jiru odeeffadhaa.

4 **Gadi dhiistee deemuuf beeksistuu qaama olaanaa irraa fudhachuuf qophaa'i.** Akka bahamuuf gorfamnaan, battalaan raawwadhu. Daandii gadi dhiistanii akka irra deemtaniif kenname hordofi, karaan gabaabaan cufameera ta'uu waan danda'uuf.

5 **Yoo sababa bishaanni hatattamaan guutaa jiruuf mana kee yookaan ijaarsa irra jirtu gadi dhiistee adeemuu hin dandeenyeef, gargaarsaaf 911 irratti bilbili.** Isa booda gara darbii oliitti ykn baaxiitti ol bahi. Ho'istuu, uffata bishaan ofirraa ittisu, tiriikkaa, bilbila harkaa, fi raadiyoo baatamee adeemamu qabadhaa.

6 **Yeroo balaan hatattamaan mudatu, garuu yoo yeroon eyyame:**

- Cuftuu fi bantuu gaazii bu'uuraa keessan cufadhaa.
- Wantoota ijaarsa irra jirtu irraa itti fayyadamtu kanneen bu'uura ta'an cufaa. Yoo kan bakka gogaa jiru ykn ati kan muka gogaarra kan dhaabbate ta'e malee, kophee komeensaa laastikii ykn uffata harkaa laastikii kaawwattee meeshaa elektirikaa kamu hinxuqiin.
- Istaatiksii balaa lolaa kanneen akka sa'atii, dubbisa geejii, fi olka'iinsa lolaa mudatee galmeessuun fuula duraaf balaan lolaa naannoo keessanitti yoo mudateef ittiin beektu. Mana ykn lafa daldalaa keetti waan hubattee addaas itti dabali.

GARGAARSA BARBAADDAA?

Yoo gargaarsi qabeenya keessaniif akka taasifamu feetaniif, qabeenyi keessan balaa loolaaf saaxilamuu isaa mirkaneeffachuuf, yookaan ragaa olka'iinsa lolaa beekuuf lakkoofsa bilbilaa 206-477-4812 irratti bilbilaa.

BOODDEE

1 **Osoo mana kee deebitee hin seenin, waa'ee** manakee balaa ijaarsaa qaqqabe, gaazii yaa'e, balaa elekitiriikaa, fi shiboo elekitiriika qabu adda baafadhu.

2 **Ho'istuu elekitirikaa, karaa alaa isaa fi meeshota waliin jiran fayyadamuu dura sirriitti adda baafachuu mirkaneeffadhu.** Gaazii balaan mudate akka iddootti deebisaniif dhaabbatoota gaaziif bilbilaa.

3 **Meeshaa manaa, nyaata, dhiyeessi bishaanii, fi qabeenya bakkatti deebisuuf qajeelfamoota hordofaa.**

4 **Balaan kanneen dhaqqabaan galmeeffadhu.** Badiinsawwan suuraa kaasuun baasii suphaa galmeessi. Balaa si dhaqqabeef bakka bu'aa Inshuraansii quunnamaa.

5 **Bakka olaanaa itti bishaanni lafaa oli guute** mana kee keessatti yookaan bakka balaan qaqqabe mallatto itti taasisi.

6 **Bishaan lafa jalatti kuufame suuta suutaan bakkeetti dhangalaasi** (tokko sadaffaa bishaan kuufamee guyyaatti) balaa ijaarsa irratti mudatu hambisuuf.

7 **Biyyoo koroojoo biyyoo keessaa gara alaatti hin baasinaa** sababa qulqullina bishaanii balleessuuf. Faayyadama gara fuulduraatiif kuusi.

8 **Qajeelfamoota galmee oduu haaraa fi** deeggarsa sababa balaan mudateef taasifamuuf naannootti kan argaman irraa adda baafadhu.

Itti Gaafatamummaa Gamoo

Misoomni suluula lolaa keessatti gaggeefamu kamuu hayyama barbaachisa. Hojiiwwan ijaarsaa, haaromsa gamoo, itti daballi, bahuun, ola kaasuun, guutuu ykn jijjiramni gamoo kee irratti taasifamu kan biraas hayyama aragachu kan barbaaduufi danbiiwwan to'annoo suluula lolaa hawaasa keetii kan hordofe ta'u qabaata. Haaromsi ykn fooyyeessuun gamoowwan suluula lolaa keessaa kan parsantaa 50 isaanii olii akka ol kaafamuufi lolaarraa mirkanneeffamuutu barbaachisa.

Kan Ijaaruus ittigaafatamummaan namoonnii fi gamichi lolaarraa bilisa ta'u ni mirkanneessaa. Danbiiwwan too'annoo suluula lolaa dhiibbaa tokko tokoo misoomaa qabeenyaa kaan biraarratti qabaatu hir'isuun balaa jiraattootaafi hojjattoota naannooleen lolaaf saaxilamoo ta'an keessaa ni xiqqeessa.

Osoo pirojekitii hin eegalin, Bakka bu'aa eyyamsiisaa mana murtii quunnamaa yookaan Muummee tajaajila giddu galaa King Country, kutaa eeyyamaa karaa bilbilaa **206-296-6600** quunnamaa yookaan **kingcounty.gov/permits** daawwadhaa.

Dhiyeeessiiwwan meeshaalee gargaarsa balaa tasaa ibsaman

Dabalata karaa: **Ready.gov/kit**

- Baatirii yookaan raadiyoo kiraankii dhaan dalagu fi baatirii dabalataa
- Dhiyeessi gargaarsa yeroo hatattamaa fi Sagale dhageessistuu
- Tiriikkaa baatirii dabalataa waliin
- Galagalcha ragaalee baayee barbaachisaa koroojoo pilaastikaa (eyyama konkolaachisummaa, inshuraansii fi odeeffannoo baankii fi odeeffannoo namoota quunnamtii)
- Bishaan gahaa fi nyaata dafee hin aloofne maatii kee fi beeylada kee guyyaa hedduuf gargaaru
- Uffaata ho'isuu, kophee/kan golgaa hagga oliitti qabu, fi uffata qorraa
- Dhiyeessii qulqullina dhuunfaa fi eegumsa qulqullinaa
- Qorichoota ajajaan kennaman
- Ijoolleef miishoota qananii(uffata qorraa, kitaaba,meeshaa taphaa)
- Bilbila harkaa chaarijarii waliin fi baatirii dabalataa

Waraqaa irra deebiin tajaajile irratti maxxanfame. maaloo irra deebiin itti fayyadami.
Waliigala

KING COUNTY FLOOD CONTROL DISTRICT
516 Third Ave. Room 1200 • Seattle WA 98104
kingcountyfloodcontrol.org

PRSRT STD
U.S. POSTAGE
PAID
SEATTLE WA
PERMIT NO. 6013

2021-2022

LOLAA **BISHAANIITII** QOPHAA'I

KAAWUNTII KING KEESSATTI QOPHAA'INSA LOLAAF KAN ISIIN OGGANUU

Nagaa!
Biroocharii kana ergaadhaan yoo fudhatte manni yookan qabeenyi kee iddoo lolaa bishaanii keessatti yookan cinaatti argama.

KAARTAAWWAN LAGA KING COUNTY

Chair Dave Upthegrove

Lolaan walfaana qophaa'eera

Ergaa King County Flood Control District irraa

2021 tti, dursaan ba laa lolaanfideen hawwaasa saaxilaman argineerra. As U.S ttis ta'ee ykn galaana gamasitti lolaan catastrophic manneen, daldala, fi manneen barnoota; sochii bal'aa akka dhaabatuu taasisuun; namootni kumaan lakka'aaman akka qabeenya isaanii; fi, haala gadiisisisaan lubbuu isaanii dhabaan taasiseera. Balaan karaa lolaa kanaa mudate yaadachiisa balaa hamaa dha, kanaafuu qophaa'uun nu barbaachisa.

Akkuma King County Distirikitiin Ittisa lolaa namootaa fi qabeenyaa balaalolaa irra ittisuuf hojjeta, yeroo ammas haalan wal utubbiin kan hojjetan dabalaa fi hooggansa piroojekitii balaa lolaa waliin hojjeta. Haalli wal utubbii kun Distirikitiin nageenya hawwaasaa fi babal'ina infiraastiraakicherii qofaa eeguutti hin hundaa'u, garuu naannoo keenya eeguu fi fayyummaa hawwaasaa fooyyessuuf kan hojjetu dha.

Haaluma kanaan hojiin Distiriktichaa inni barbaachisaan -balaa lolaaf qophaa'uu fi fayyummaa eegisisuuf akkasumas, hundumti keenya balaa lolaa mudatuuf qophaa'oo ta'uu qabna. Waliin ta'uun lubbuu baraaruu, dinagdee cimsachuu fi ardii keenyaaf kunuunsa taasisuu ni dandeenya.

Kunoo wanti isin gochuu dandeessan:

- **Balaa karaa lolaa qaqqabu hanga isaa beekuu. kingcounty.gov/FEMAmap** daawwadhaa fi "King County iMap" gadi tuqaa yookaan bilbila 206-477-4812 irratti bilbilaa.
- **Inshuuraansii balaa lolaa argadhaa.** Gara *floodsmart.gov* deemuun hanga balaan lolaa qaqqabsiise tilmaamuu, tilmaama piriyimeemii fi bakka bu'aa barbaaddadhu.
- **Odeeffachaa turi.** King County Eggannoo balaa lolaa galmaa'uun fi Appilikeeshinii Seerachiistuu balaa lolaa King County karaa *kingcounty.gov/flood* buufadhu.
- **Duubatti deebi'i. Hin dhidhimin.** Lolaa irra tasumaa hin adeemin, hin daakin yookaan hin konkolaachisin.
- **Odeeffannoo kana namoota jaallattuuf qoodi.** Hiriyootaa fi maatii keetiif qoodi.

Lolaa yeroo itti aanu dhufuuf qophii gochaa jirtuuf galatoomi. Waliin ta'uun, hawwaasi keenya nagaan akka turu mirkaneeffachuu qabna.

Dave Upthegrove
Dura Taa'aa To'annoo Lolaa Bishaanii Aanaa King County

kingcountyfloodcontrol.org | @CMUpthegrove



Lolaa sulula Snoqualmie, Muddee 2015

Dalalii Lagaa Olitti: Adeemsa qorannaa Yeroo hudduu balaa Lolaan hin hubamne

King County mana lagoota golgii bishaanii kanneen bishaan baatanii adeeman tabba walqabatoo irraa gara sagalee Puget tti kan yaa'u dha. Laggoonni kunneen bosona, lafa qonnaa fi magaalota gurguddaa keessa darba. Haalli qilleensaa beekamaan jiidhaa Kibba baha Paasifi k haala qilleensaa addunyaalessaa waliin walitti hidhamuun kan jijjiiramuu fi rooba cimaa, kana jechuunis lolaan rakkoo cimaa ta'uu isaa dha.

Seenaan, lagi King County ji'a Hagayya irraan kafe yeroo hundaa kan lola'u dha. Lolaan lagaa karaa pirizidentii 13 King Country bara 1990 irraa eegaluun balaa akka ta'e labsameera. Yeroo dhiyeenyatti balaan lolaa bara 2020 tti kan labsame.

Balaa namaa fi qabeenya irra karaa lolaa lagaan wal qabatee dhufu hir'isuuf, Distiriktiin King Country Ittisa Lolaa sagantaa naannoo fi piroojekitii ni qorata. Yeroo dhiheenyatti, haalli ittisa lolaa guutummaa lolaa darbee mudatu dalalii lagaa garuu kan hin dabalanne dha.

Yeroo balaa lol aan qaqqabsiisu hir'isuun dursa ta'u, lolaa darbee mudatu maqaa dhahuun kan fiixaan baasu kaayyoo haqa hawwaasaa, walqixxummaa, fi eegumsa naannoo ta'a. Adeemsi waliqabate kuni eegumsa bakka jireenyaa fi dandamannaa; hawwaasa deebisanii ijaaruu fi waliin jireenya biro kan deeggaru dha; Qonnaan bu'a qabeessaa fi argamu; guddina walitti fufiinsaa; hojii fi lubbu qabeessa jiraatan; kanneen banaa ta'an Qabannaa bakkaa; bashannana; carraa namoota uumama waliin wal quunnamsiisuu; fi bishaan qulqulluu namoota hundaaf.

Yeroo lagaa fi bokkaan keenya uumamu lolaan naanno keenyaaf kan rakkoo uumuu, hawwaasa keenyaa fi naannoo keenya oolchuuf karoora ogummaan qopheessuu fi balaa dhufuud to'annaa taasisuu dha.

ODEEFFANNOO QABAADHU

KING COUNTY APP AKEEKACHIISA LOLAA BILISAA

Appii bilisaa keenyaa odeeffannoo lolaa kan-ammaa argadhu! Yaa'aawwan lagaa kan ammaa, daataa sadarkaa lagaa, raaguu, fi boqonnaawwan lolaa kan-ammaa too'adhu.

Toora kanarratti *kingcounty.gov/flood* tti gali.

Available on the App Store | GET IT ON Google play

NU HORDOFAA!

@KCFloodDistrict and @KCDNRP

@KingCountyDNRP

@KingCountyDNRP

BILBILA, ERGAA BARREEFFAMAA YKN IMEELII

Akekkachiisawwan lolaa battalaa bilisaatiif galmaa'i. Boqonnaa lagaafi lolaatiin akeekachisawwan kan sii ta'u taasisu dandeessa.

kingcounty.gov/flood yookaan **206-477-4899** irratti bilbilaa

KING COUNTY BEEKSISTUU LOLAA!

Karaawwan gara biraa argaman. 206-477-4812 (TTY irratti hundaa'u: 711)

Meeshaaleen traducidos y servicios de intérprete están disponible bajo solicitud. 206-477-4812; TTY: 711

KING COUNTY SIRNA LAGOOTA

JIDDUGALA AKEKKACHIISA LOLAA KING COUNTY

206-296-8200 ykn 800-945-9263 Tajaajilawwan hiikaa afaanii ni jiru; TTY 711.

Materiales traducidos y servicios de intérprete están disponible bajo solicitud: 206-477-4812; TTY: 711.



BEEKAMAA

- SULUULA LOLAA WAGGAA-100
- DIRREE RAABSAA QABDUU CURRACHAA
- HIDHA
- SAFARTUU LAGAA Boqonnaa lolaa murteessuuf itti fayyadama* *(kanaa gadi ilaali)*

*Iaggeen King County irratti oddeffannoo guutuu akeekkachiisa lolaa bishaaniitiif toora kana **kingcounty.gov/floodtti** gali

Sagantaa qabdu cirachaa

Koroojoon cirrachaa mala lola itti ittisan keessaa baay'ee salphaa fi gaarii dha. Eessaatti argachuu akka dandeessuu fi akkamiin akka fayyadamtan karaa:

kingcounty.gov/sandbags baradhaa.

IDDOO LOLAA BISHAANII FEMA (Federal Emergency Management Agency) WAGGAA 100

Lolaan waggaa 100 naannoo balaa lolaa, lolaa waggaa keessatti uumamuuf carraa dhibbantaa tokko kan qabuu dha. Qabeenyi kee balaa lolaaf saaxilamaa ta'uusaa beekuuf, adaraa **kingcounty.gov/floodmaps** daawwadhaa yookaan bilbila **206-477-4812** irratti bilbilaa.

ODEEFFANNOO LOLAA YEROO TASAA

Lolaaf attamiin akka qophaa'amu
kingcounty.gov/floodservices

Dammaqsituu Yeroo Tasaa King County
kingcounty.gov/alert

King County Marsariitii Oduu Hatattamaa
kcemergency.com

Dammaqsituu Lolaa Kaawuntii King
206-477-4899
kingcounty.gov/flood

King County tti Giddu gala Akeekkachiisaa Lolaa
206-296-8200 or
800-945-9263

Sagantaa Haaromsa manaa King County
Kanneen galii gadi aanaa qabaniif, abbaa qabeenyaa manaa eeyyama qabaniif manni akka haareffamuuf deeggarsa maallaqaa taasisuu.
206-263-9095
kingcounty.gov/housingrepair

King County Road 24/7 Sarara gargaarsaa
206-477-8100 yookaan Daandii 800-KC

Yaadachiftuu karaa King County
kingcounty.gov/Rdalert

Tamsaasa Dadarbaa Magaalaa
kingcounty.gov/metro

Sagantaa Inshuraansii Lolaa Biyyaaleessaa
800-427-4661
floodsmart.gov

Fayyaa Hawaasa Seattle fi King County Kuusaa Seeptikii fi Rakkoolee Nageenyaa
206-477-8050

KING COUNTY FLOOD CONTROL DISTRICT

King County
Department of Natural Resources and Parks
Water and Land Resources Division

Odeeffannoon kaartaa kana irratti dabalame King Country dhaan madden gara garaa irraa kan walitti qabamee fi beeksisa malee kan hin jijjiiramne dha. King County fi Distirikitiin To'annaa Lolaa King County bakka bu'aa yookaan mirkaneessa, kan ibsame yookaan mullifame, akkataa sirriitti xumuramee, yeroo karoorfameen, yookaan mirga odeeffannoo kunneenii fayyadamuu to'ata. Sanadi kunis bu'aa qoo'annoof itti fayyadamuuf kan yaadame miti. Kaawuntiin King fi aanaan miidhaawwa waliigalaa, kan addaa, kallattii, kan tasaa, ykn sababii saatiin ummamuu kamiifuu itti gaafatamaa hin ta'u, kunis ammoo kan galii ykn bu'aa dhabiinsa sababii fayyadamuu ykn dogongora fayyadama odeeffannoo kaartaa kana irra jiruutiin kan mirtaa'e qofaa miti. Gurgurtaan kaartaa yookaan odeeffannoon kaartaa kanaa yoo King Country eyyama barreefamaan argate male dhorkaadha.

MIDHAAWWAN LOLAA LAGAATIIN AKKA DHUFU EEGAMU

LAGA cfs = fiitii kiyuubi seekondii keessattii	ISA OL'AANAA DHIYEENYAA	LOLAA BISHAANII OL'AANAA	MARSAA 1 - LOLAAN HIN JIRU. Lolaan kamiyyuu hin umamnee.	MARSAA 2 - LOLAA XIQQAA. Giddu galli miseensa akeekkachiisa balaa lolaa King Country gargaarsa sa'atii 24 guutuu kan dhiyeessu dha.	MARSAA 3 - LOLAA GIDDU GALEESSA. Miseensa Eegdota lolaa King Country eegumsa ijaarsa balaa lolaan mudatu irraa eeguu kanneen akka hidha qarqaraa.	MARSAA 4 - LOLAA RAKKISAA. Egdonni lolaa haala jiru kan to'atanii fi Akeekkachiis-tonni Giddu gala balaa lolaa kan banamanii turan ta'u.
(SK) **SOUTH FORK SKYKOMISH RIVER** Yaa'aan gara magaalaa Skykomish tti	**20,400 cfs** Guraandhala. 2020	Onkololeessa. 2016 dura bakka kanatti daataan dhangalaa'a hin jiru.	**6,000 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**10,000 cfs** – Rakkooleen galoo qarqara lagaa fi kusiin lolaa mudachuu mala.	**18,000 cfs** – Galoo qarqara lagaa fi kusiin lolaa mudachuun hinolu. Dhiheenya Baring fi qarqara lixa Mandara Timberlane bakkeewwan gadi -ciisaa ta'aniitti lolaan mudachuun hinolu.	**27,000 cfs** – Lolaan babalatee ammoo bakkeewwan keessattuu hidhaawwaniin ittifaman kan dabalatu ta'a.
(T) **LAGA TOLT** Dhihenya Magaalaa Carnation kan yaa'uu	**13,800 cfs** Amajjii. 2009	**17,400 cfs** Mudde. 1959 Dursa ijaarsa Hidha Laga Tolt.	**2,500 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**3,500 cfs** – Hidha qarqara kibbaa kan jidduuRiqiicha Snoqualmie Valley Trail fi Riqiicha Highway 203 bishaaniin liqimfamuun mudachu danda'a.	**5,000 cfs** – Tolt River Road NE kan dhiheenya Ollaa San Souci duraanii keessatti argamu bishaani qaxxaamura. Dabaluun bishaaniin liqimfamuu fi hidha qarqara kibba kan jidduu Riqiicha Snoqualmie Valley Trail fi Riqiicha Highway 203 irraan dhagala'uun ni jiraata.	**8,500 cfs** – Qarqarri kuufamoota lamaan gara olii sulula Snoqualmie fi Daandii Si'ataa 203 gidduu yaa'a. Seepage irraa eegaluun karaa qarqara kuufama Kibbaa sulula Snoqualmie fi Daandii Si'ataa 203 gidduu kan yaa'u dha. Riqichi Kibba Baha Daandii 32ffa qaxxaamuruu danda'a. jijjiirraan bakkaa kutaa olaanaa Laga Tolt Daandii Kibba Baha/361ffaa Daandii Kibba Baha fi daangaa baha Carnation gidduutti uumamuu danda'a.
(SN) **LAGA SNOQUALMIE** Waliigalli yaa'aa: (N) *North fork* (M) *Middle fork* (S) *South fork*	**45,680 cfs** Onkololeessa. 2019	**54,110 cfs** Amajjii. 2009	**6,000 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**12,000 cfs** – Daandiiwwan walirra qaxxaamuran Neal Road SE, Reinig Road, West Snoqualmie River Road NE (Walker Road), Snoqualmie Meadowbrook Road, fi Mill Pond Road dabalata.	**20,000 cfs** – Lolaa gadi fageenya gara garaa qaban kan uumaman sulula Snoqualmine gidduutti. Daandileen gara olii ta'an daandii Fall City-Carnation, Baha laga Snoqualmie SE gidduu SE daandii 24ffa fi daandii NE Tolt Hill ,daandii NE Tolt Hill, fi daandii Novelty Flats of keessatti kan haammatedha.	**38,000 cfs** – Naannoleen bakka jireenyaa muraasni saffisa olaanaa kan muuxannoo godhatanii fi mana balaa lolaan hubamani dha. Daandii ol aanaaa Daandii Kibba Baha Reinig, Daandii Moon Valley, Daandii Kibba Baha Fish Hatchery, Daandii Kibba Baha Powell, Kaaba Baha 124ffa Daandii, fi Daandii Woodinville-Duvall.
(I) **ISSAQUAH CREEK** Dheerina (sadarkaa) dhiyeenya Hobart Guyayaa: Magaalaa Issaquah	**9.53 ft** Guraandhala. 2020	**9.9 ft** Sadasaa. 1990	**6.5 ft** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu. Issaquah Public Works fi Police Department beeksiifamaniiru. Hordoffiin of eegannoo eegaleera.	**7.5 ft** – Naannoolee yeroo hunda lolaan mudatu lolaa eeguu danda'u. Sababa bishaan daandiirraatiin cufamu karaawwan muraasaa. Kutaan Hojiiwwan Issaquah Public Works sochiiwwan ittisa lolaa eegaaniiru.	**8.5 ft** – Issaquah Creek, Tibbetts Creek, fi Lakkuu Baha Issaquah Creek irratti lolaa baayyeen. Naannoolee cinaa yaa'aatti lolaa baayyeen mudachu danda'a. Yaaliin ittisa lolaa Issaquah Public Works gutuun hojiirra oleera.	**9 ft** – Lolaa yeroo dheeraa turu, kan isa Guraandhala Bara 2020 tiin walfakkaatu yookan caalaatti guddaa kutaa biyyaa Issaquah fi sululawwan Tibbetts Creek hundatti. Issaquah-Hobart Road SE fi SR 900 sababa bishaaniittiin guutuu ni danda'a akkasumas daandii irra yaa'uu ni danda'a. Tattaaffii dhumma ittisa lolaa isa ol'aanaa.
(C) **LAGA CEDAR** Yaa'aa dhiheenya Landsburg	**7,590 cfs** Guraandhala. 2020	**14,200 cfs** Ijaarsa Hidha Masonry tiin dura.	**1,800 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**2,800 cfs** – Daandii hanga oli tahuu danda'anii fi cufaman daandii SE 184ffaa fi karaa Lower Dorre Don SE dabalachuun.	**4,200 cfs** – Daandiiwwan bishaaniin liqimfamuu fi cufamuu ni danda'u kunis daadnii SR 169 cinaa adda baasa Cedar Grove Road SE, SE 184th St, Byers Road SE, 216th Ave SE, SE 193rd St, SE 206th St, SE 207th St, Lower Dorre Don Way SE, and Dorre Don Way SE dabalateeti. Daandiiwwan kunneen baayyeen isaanii kan ollaawwan lafa jiraattoonni itti danqamaniif fi bahuun barbaachisuuf kan karaa kennaniidha.	**5,000 cfs** – Daandiin oli bahuu fi cufamaan Daandii SE Jones cina 156ffaa Pl. SE, SR 169 cina wal qaxxaamura Daandii Cedar Grove SE, SE Daandii 184ffaa , Daandii Byers SE, 216ffaa daandii SE, SE 193ffaa daandii, SE 197ffaa Pl, daandii SE 206ffaa, daandii SE 207ffaa, SE daandii Bain, SE daandii 225ffaa, Dorre Don Ct SE, karaa gadii Dorre Don SE, karaa Dorre Don SE, daandii SE 238ffaa, fi daandii 244ffaa SE of keessatti kan dabalatu dha. Daandiiwwan kunneen baayyeen isaanii kan ollaawwan lafa jiraattoonni itti danqamaniif fi bahuun barbaachisuuf kan karaa kennaniidha. Gadi fageenyii fi ariitiin lolaan kun uumu balaa cimaaf saaxiluu kan danda'u dha.
(G) **LAGA GREEN** kan safarame yookaan kan eegame yaa'aa magaalaa Auburn cinaa	**11,700 cfs*** Guraandhala. 2020 *yeroof turee kan ilaalamu	**28,100 cfs** Mudde. 1959 Ijaarsa Hidha Howard Hanson dura.	**5,000 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**7,000 cfs** – Golba yaa'aa gubbaa Magaalaa Auburn keessaatti lolaa gammoojjii.	**9,000 cfs** – Lolaan gadi fageenya adda addaa qabu golba yaa'aa gubbaa Magaalaa Auburn fi yaa'aa Mill Creek gadaanaa keessatti ni mudata. Southeast Green Valley fi and West Valley Road bishaan irraan dhagala'a ta'a.	**12,000 cfs** – Walitti qabamuun kan ka'ee hidhiiwwan ittisi lolaa murteessoonni dadhabu malu. Jijjiramni haalawwan lolaa tasaa mudachu danda'a, keessattu naannoolee hidhawwan -ittifamaniitti. Jijjiramni kunneenis dabaluu bishanii saffiisaa, haguuggii bishaanii bal'aa, cufamu daandilee, fi adda citiinsa tajaajilaa kan hammatu ta'u mala.
(W) **LAGA WHITE** Kan safarame yookaan kan eegame kan ya a'u Hidha Gaara Mud irraati	**11,700 cfs** Amajjii. 2009 U.S. irratti hundaa'ee Ragaa Ijinaroota koorporeshiinii Waraanaa kan Hidha Mud Mountain irraa dhufan.	**28,000 cfs** Mudde. 1933 White River kan dhiheenya Buckley'tti argamu irratti ijaarsa Hidha Mud Mountain dura kan gabaafame.	**4,000 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**5,000 cfs** – Lolaan qarqara lagaa karaa yaa'aa gubbaa Riqiicha A-Street kan magaalaawwan Pacific fi Auburn mudachuun danda'a. Lolaan qarqara lagaa Pacific keessaa kan dhiheenya Government Canal'tti uumamuun hinoolu. Bishaan cimaan karaa galoo ittisawwan lolaa yerootiin umamuunsaa waan hin oolleedha.	**7,000 cfs** – Sadarkaawwan bishaan olaanaa karaagaloo ittisa lolaa yeroo Magaalaa Pacific keessaatiin umamuunsaa waan hin oolleedha. Yaa'aan bishaanii irraa darbee Government Canal fi Butte Avenue fi dhagala'aa gubbaa A-Street Bridge kan Magaalawwan Pacific fi Auburn tti umamuumsaa waan hin oolleedha. Naannoon jireenyaa Red Creek saffisa olaanaa, dhangala'aa jijjigaa fi manneen lolaan guutamuu balaafamaan mudachu danda'a.	**9,000 cfs** – Saffiisa olaanaa fi dhagala'aa balaafamaan sirna lagichaa guutuu mudachu danda'a. Lolaan qarqara lagaa irraan qaxxaamuru Maaloota Pacific fi Auburn akka mudatu eegama. Gar-tokkeen galoo ittisawwan lolaa yeroo ni liqimfama ta'a. Dhiheenya Magaalaa Enumclaw'tti bakka qurxummiin itti horsiifamuutti badiinsi qaqabu mala. Bishaan lolaa yaa'aa gubbaa SR 410 kan Hidha Mud tulluu isa dhiheenya Greenwater tti argamuutti irraan yaa'uunsaa hin oolu.